# Ergaa Phawuloos Gara Worra Tasalonqe'ee Erge Ta Lammeesso'oo

## Seensa

Gaaffiin marroo deebi'ee dhufiisa Kiristoosiitiif kaate, wol dhaba waan kaatteef rakkoon wolde'a kiristaana Tasalonqee keessa jirtuu o'ite. Ergaan Phawuloos gara worra Tasalonqe'ee barreesse ta lammeesso'oo, «Guyyaan dhufa Gootta'aa dhiyaateera» addii jettu irratti xiyyeeffatti. Phawuloos dhufa Kiristoosiitiin dura sooressiisa mormitoota Kiristoosiitiin ka, «Nama jallu'uu» jedhamuun, biyya lafaa irratti hammeennaa fi jalluun fakkanaa deenti jedhaa, dhugeeffannaa isaanii sirreessu'uuf wodhaana.

Worri dubbii tana dubbisu, rakko'oo fi farri yoo itti fakkanelle dhugeeffannaa ifiitiin jabaatee, innii fi worri hujii isaa qarqaaru akkuma godhanu, waan jireenna isaaniitiif barbaachisu dhaggatiisaaf jabaatanee akka hujanu, akkasuma hujii dansaa hujiisa irraa akka ifi hin qusanne jabeesse isaan gorsa.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1:1-2*
Galataa fi Leellisa *1:3-12*
Gorsa marroo deebi'ee dhufiisa Kiristoosii *2:1-17*
Gorsa marroo adaba kiristaanaatiif kenname *3:1-15*
Yaada buufataa *3:16-18*

1 Phawuloos, Siilaasii fi Ximootewoos biraa:
Wolde'a kiristaanaa ka Waaqa Abbaa keennaatii fi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii teetane, ka Tasalonqee keessa jirtanuuf:
2 Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaan Yesuus Kiristoos nageyaa fi badhaadha isiniif kennu.

### *Muraa Yennaa Kiristoos Deebi'ee Dhufu Kennantu*

3 Obboleeyyan tiyya! Nuuti marroo teessaniif yennaa mara Waaqa galateeffatiisa qanna. Dhugeeffannaan teessan akka malee guddataa, jaalaltiin isin woliif qaddanulle ittuma waan dabalamiisatti jirtuuf, akkas tolchuun keenna sirri'i.
4 Tanaaf miidha'aa fi rakkoo isin dhaqqadde duudii keessatti waan ossattanee fi dhugeeffanna'aan jabaattaneef, nuuti wolde'oota kiristaanaa, ka Waaqaa keessatti isiniin ifi jajanna.
5 Wonni kun maraa, muraan Waaqaa qajeeltuu akka teetee fi isinille mootummaa Waaqaa ta rakkatiisatti jirtanuuf, ka maltane akka te'uuf jirtanu mirkaneessa.
6 Waaqi waan sirrii te'e huja; inni worra isin rakkisutti rakkoo fida.
7 Isin worra amma rakkatiisatti jirtanu, Yesuus ergantoota ifii hunnaameyyii woliin ol-gubbaa irraa yennaa mudhatu nu woliin tana jalaa isin baasa.
8 Inni ibidda bobe'uun mudhata; gaafa san worra Waaqa hin beennee fi Oduu Gammadaa ta Goottaa keenna Yesuusiitiif hin ajajane hin adaba.

---

**1:1** HuE. 17:1

9 Isaan fuula Gootta'aatii fi ulfinna hunna isaa
irraa gargar bayanee, badii bara baraatiin adaba-
man;
10 tun guyyaa inni woyyoota ifii irraa
ulfinna dhaggatiisaa fi worra dhugeeffatu
duudii biralle'etti baaseffatamiisaaf dhufutti
teeti. Isinille dhugaa baya teenna waan
dhugeeffattaneef, woyyoota isaa woliin
laakkowantan.
11 Waaqi keenna worra waamicha isaatiif male
akka isin godhuuf, waan dansaa godhiisaaf
halchaa qaddanuu fi hujii dhugeeffannaa
teessanii mara hunna ifiitiin akka muummessuuf,
nuuti yennaa mara isiniif daadimanna.
12 Akkasuma maqaan Goottaa keenna Yesuus
Kiristoosii isiniin akka ulfaatuu fi isinille karaa
badhaadha Waaqa keennaatii fi Goottaa keenna
Yesuus Kiristoosiitiin, akka isaan ulfaattanuuf
daadimanna.

# 2

*Nama Jallu'uu*

1 Obboleeyyan tiyya! Marroo dhufa Goot-
taa keenna Yesuus Kiristoosiitii fi marroo isa
woliin wolitti qabamiisa keennaa akka beet-
tanuuf, waan isin kadhannu qanna:
2 raagaan yookiin jechaan akka himametti,
yookiin akka ergaa nu'u irraa isiniif barreeffan-
tee gootanee «Guyyaan Gootta'aa dhiyaateera» jed-
haa dattanee yaadaan hin raafamina'a, yookiin
hin rifatina'a.
3 Finqilli adoo hin ka'in dura jallichi ilmi
badi'iille adoo hin mudhatin guyyaan sun waan

**2:1** 1 Tas. 4:15-17

hin dhunneef, nami tokkolle karaa kamiinuu isin
hin wollaalchisin.
4 Inni waan waaqa jedhamanu yookiin waaqon-
fatanu caalaa ifi ol qaba; ifille'een, «Ani Waaqa»
jedhaa Galma Waaqaa keessa ifi teessisa.
5 Ani yennaa isin woliin jiru waan kana duudii
akka isinitti hime hin qaabattanuu?
6 Yennuma isaatitti akka inni mudhatuuf amma
waan isa dhooggu isinuu hin beettan.
7 Hunni dhossa'aa ta jallu'uu ammumaa huji-
isatti jirti; ammoo wonni amma isa dhooggu haga
karaa irraa kaatutti wonni sila te'uu malte hin
teetu.
8 Achiin duuba jallaamessi sun hin mudhata;
Goottaan Yesuus hafuura afaan ifiitiin isa ijjeesee,
ulfinna deebi'ee dhufiisa ifiitiin isa balleessa.
9 Jallaamessi sun hunna Seexanaatiin bilbaa-
sota, beessisaa fi baasota dharaa duudii hujaa
dhufa.
10 Akkasuma isaan waan hantuu mara huji-
isaan worra badu gowwoonsan. Isaan dhugaa
isaan fayyittu jaalatanee fudhatuu waan didaneef
badan.
11 Tanaaf waan dhugaa hin te'in akka
dhugeeffatanuuf, Waaqi hunna isaan
wollaalchittu isaanitti erga.
12 Worra hantu'utti gammadee dhuga'atti hin
dhugeeffanne duudi'itti akka murantuuf, wonni
kun teete.

### *Isin Fayyinnaaf Fooyantane*

13 Obboleeyyan Gootta'aan jaalatantane,
Ayyaanaan kolbaa woyyittii isaa teetanee,

**2:9** Mat. 24:24

dhuga'atti dhugeeffatiisaan akka fayyitanuuf
Waaqi worra jalqabaa godhee waan isin
fooyateef, yennaa maraa marroo teessaniif, nuuti
Waaqa galateeffatiisa qanna.
14 Ulfinna Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii
akka dhaggattanuuf, karaa Oduu Gammadaa ta
nuuti lallannuutiin Waaqi isin waameera.
15 Yoona obboleeyyan teenna, jabaadha'aa
dhaabbadha'a; barsiisa jecha afaaniitiin yookiin
ergaa barreeffamaan nu biraa isiniif ergantelle
jabeessa'aa qabadha'a.
16 Amma Goottaan keenna Yesuus Kiristoosii fi
Waaqi Abbaan keenna ka nu jaalatee, badhaadha
ifiitiin jajjabeenna bara baraatii fi addii jadduu
nu'uuf kenne,
17 waan dansaa mara akka gootanuu fi akka
dubbattanu gadhaa keessan jajjabeessee, isin
jabeessa.

# 3

## *Nu'uuf Daadimadha'a*

1 Muummeffata irratti, obboleeyyan teenna!
Jechi Gootta'aa wodhakkaa teessanitti akkuma
te'e, ariifatee akka badhatuu fi ulfaatu nu'uuf
daadimadha'a.
2 Ammalle worri hedduun dhugeeffan-
naa waan hin qanneef, harka namoota
yakkaameyyi'iitii fi dabaaleyyi'ii irraa akka inni
nu baasu nu'uuf daadimadha'a.
3 Goottaan ammoo addatama'a; inni isin jaj-
jabeessee, waan hantuu irraa isin eega.

4 Waan isinitti hinne akka hujaartanuu fi gara
duraalle ittuma akka hujjanu Gootta'atti addii
qanna.
5 Goottaan gadhaa keessan gara jaalala
Waaqaatii fi gara ciniinnatee ossiisa Kiristoosii
isin qajeelchuu ti.

### *Harka Maratanee Tee'iis Barbaachisa'aa Moti*

6 Obboleeyyan teenna! Kiristaana harka mara-
tee tee'uu fi akka barsiisa nu'u irraa fudhatetti
hin leene irraa akka fagaattanu, maqaa Goottaa
Yesuus Kiristoosiitiin isin ajanya.
7 Nuuti yennaa isin bira turre harka marannee
hin teenne. Fakkeenna keenna fudhatiisa akka
maltane isinuu miidhaassitanee hin beettan.
8 Nuuti nama tokkolle'etti ba'aa akka hin teene,
halkanii fi guyyaa eloonnee hunye malee, sagalee
nama tokkoolle akkasumaan hin nyaanne.
9 Wonni nuuti tana gooneef fakkeenna
keenna akka fudhattanuuf malee, waan nu'uuf
barbaachisu isin irraa dhaggatiisaaf baallii
dhanneetii moti.
10 Nuuti yennaa isin bira jirru, «Nami huji-
isa jibbu hin nyaatin» jennee ajaja isiniif kenni-
neerra.
11 Isin keessa worri gariin ka harka maratee
tee'u akka jiru waan dhageenneef tana jenna;
isaan waan isaan hin galchine keessa galan
malee, hujii tokkolle hin hujanu.
12 Namooti akkasii, miiranee akka hujatanuu fi
waan ittiin bulanu akka dhaggatanu maqaa Goot-
taa Yesuusiitiin isaan ajanya; hin gorisinalle'e.
13 Obboleeyyan tiyya! Isin ammoo waan dansaa
hujiisa hin dadhabina'a.

14 Ergaa nuuti xalayaa kana keessatti isiniif
ergineef, nami hin ajajanne yoo jiraate,
hubadha'aa beeka'a; akka inni qaanowuufille
waan tokkolle isa woliin hin tolchina'a.
15 Teetuu malee akka obboleessaatitti itti
gorsa'a malee, akka diinaatitti hin laakkowina'a.

### *Nageya Muumme'ee*

16 Goottaan abbaan nageyaa, yennaa mara
karaa maraan, inninuu nageya isiniif kennuu ti.
Goottaan isin mara woliin jiraatu.
17 Ani Phawuloos harkuma kiyyaan nageya
kana barreesse. Beessisi ergaa tiyya mara
keessatti dhaggamu kana; akki ani barreessulle
akkana.
18 Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii
isin mara woliin jiraatu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e